Fangasii Keelloo Baala Bunaa

Fuula Haqaa

Dhukkubni baala bunaa fangasii *Hemileia vastatrix* jedhamuun beekamu irraa dhufa. Dhukkubni kuni miidhaa guddaa baala bunaa irraan kan gahu yoo ta'u, gogiinsaan yoo wal simate abaaboo bunaa osoo firiitti hin jijjiiramiin ajjeesuu ni danda'a, qulqullina bunaa ni hir'isa, oomishtummaa bunaatis ni xiqqeessa.

Dhukkuba kana akkamitti addaa baasna?

Yeroo jalqabaatiif mallattoon mul'atu baala bunna fuula olaanu irratti yoo ta'u, xuqaalee xixiqqoo keelloo fakkaatantu mul'ata. Xuqaaleen kunis geengoo yoo ta'an baala tokko irrati baay'ee ta'uu danda'u.

Fangasiin kun baala bunaa keessatti biqilaa fi guddachaa yemmuu deemu mallattoo daakuu fakkaatu haalluu burtukaana ykn keelloo kan qabu baasa, mallatoon kuni immoo baala bunaa kara jalaatiin geengoo uumanii mul'atu.

Geengoowwan fangasichaan uummaman kun yoo guddachaa deeman keessi geengichaa ni gurraacha'a (bakka qaamni baala bunaa du'e dha).

Akkamitti too'achuu dandeenya?



Damee muka bunaa kan du'ee fi wal xaxee jiru maqasuun akka qilleensi damee buna keessa naanna'uuf fayyada, baala bunaatis ni qoorsa. Xaa'oo ga'aa ta'e kennuun mukti bunaa akka dhukkuba dandamatuuf ni gargaara. Aramaa buna keessaa balleessuun (aramuun) biqiltoota soorata bunaaf ta'u saaman ni xiqqeessa. Gaaddisni giddugaleessi bunaaf barbaachisaa dha. Gaaddisni yoo baay'ate qilleensi jiiidhinsa qabu naanno sana akka turu godha. Kuni immoo dhukkuba fangasii baala bunaatiif haala mijeessa. Gaaddisni yoo xiqqaate immoo muka buna ni dadhabsiisa, bubbeenis daakuu fangasii kanaa haalaan akka muka buna tokko irraa gara biraatti daddabarsuuf karaa bana.



Gosti sanyii bunaa kan dhukkuba ija bunaa tortorsu (kooleeraa bunaa) dandamatu fangasii baala bunaa kana hin dandamatu. Sanyii bunaa dhukkuba kana dandamatu filachuudhaaf sanyiin biqiltuun bunaa irraa jalqabamu baddaa bunaa qote-bulaa ykn buna bosonaa keessaa ta'uu yoo qabaatu, muka bunaa yeroo dheeradhaaf dhukkuba kanaan akka hin hubamneen mirkanaa'e irraa ta'uu mala.

Fangasiin adiin *Lecanicillium lecanii* jedhamu darbee darbee daakuu fangasii baala bunaatiin uummame yoo weeraran ni mul'ata. Fangasii adiin kun fangasii keelloo baala bunaa ni nyaata, ni ajjeesas. Kanaafuu fangasii faayidaa qabeessa jechuu dha.

Fangasii baala bunaa too'achuudhaaf keemikaalonni armaan gadii ni fayyadu.

- Copper oxy-chloride
- Kocide©
- Bayleton© (triadimefon)

Dabalata odeeffannoo waa’ee fangasii baala bunaa

Fangasiin baala bunaa kun yeroo jalqabaatiif haala suukkanneessaa ta’een kan mul’ate biyya Sir Lanka jedhamtu keessatti bara 1870 keessa yoo ta’u, biyyattii keessattis oomisha bunaa guutumaan guututti dhaabanii akka biqiltuu shaayii oomishuutti jijjiiran dirqisiisee jira. Erga sanaan booda fangasiin baala bunaa kun dhukkuba bunaa kan diinagdee buna addunyaa miidhan keessaa isa sadarkaa tokkoffaatti lakkaawama. Itoophiyaa keessatti garuu dhukkubni kun miidhaa qabaatus dhukkuba bunaa biroo kan akka fangasii ija bunaa tortorsu (kooleeraa bunaa) faana yoo ilaalamu miidhaan isaa hangas mara miti.

Fangasiin baala bunaa kun kan margee dhukkuba jalqabsiisuuf baala bunaa irratti daakuu keelloo baasu yoo bishaan ga’aan (rooba ykn fixeensi) baala bunaa irra jiraate qofa. Dhukkubni kun kan guddatuu fi haalaan daddarbu yeroo roobni ga’aan jiru waan ta’eef ji’a gannaa keessa yoo ta’u qaamni fangasii dhukkuba dabarsu (daakuu keelloo) fakkaatu kun biqiluufi baala haaraa irratti dhukkuba jalqabsiisuuf torbee 3-6 itti fudhata. Yoo qilleensi goggogaa ta’e garuu qaamni fangasii kun haala maayiseeliyeemiitiin baala bunaa keessa hanga ji’a jahaa (hanga qilleensi gaariin dhufuufitti) turuu ni danda’a. Dhukkubni kun baala bunaa irratti waggaa guutuu argamuu danda’us kan garmalee babal’atee baala harcaasisu yeroo gogiinsi jiru waan ta’eef ji’a Amajjii fi Guraandhalaa keessa dha.

Kaayyoo fi fedhiin keenya maali?

Nuti yeroo ammaa kana goodina Jimmaa aanaa Gommaa fi Geeraa keessatti dhukkuba bunaa irratti qorannoo gaggeessaa jira. Qorannoo kanaaf oomisha bunaa, haala dhukkuba bunaa fi biqiltoota hunda kunuunsa bunaa gosa adda addaa (buna bosonaa, buna qote-bulaa, fi buna invastimantii kan kunuunsa guddaan oomishaman) keessatti qorachaa jirra. Bu’aan qorannoo kanaa haala dhukkuba bunaa fi kunuunsa akkamiitiin dhukkuba kana xiqqeessuu akka danda’amu hanga tokko ifa akka taasisu abdii qabna. Kaayyoon barreefama kanaa (fuula haqaa) kanaa odeeffannoo waa’ee fangasii baala bunaa, mallattoo dhukkubni kun agarsiisu fi haala ittiin too’achuu danda’amu qote-bulaa fi hojjettoota misooma qonnaatiif dabarsuu dha.

Proojaktiin qorannoo kanaa dhaabbata SIDA jedhamuun kan deeggaramu yoo ta’u, qorannicha kana kan hoogganani fi kan gaggeessan Ayco Tack, ayco.tack@su.se, Kristoffer Hylander, kristoffer.hylander@su.se, fi Bayyanaa Zawdee, beyene.hailu@su.se faa dha.

ADDIS ABABA UNIVERSITY
JIMMA UNIVERSITY
We are in the Community
UNIVERSITET STOCKHOLMS
Stockholm University